Ibsa dawaa (drug) warraaf

Beekkomsa dawaa laaluuf Mana Waa'ee Dawaa Qulqulleessuu qunnami 1300 85 85 84. Mandhee Oduu: www.druginfo.adf.org.au

Gorsa saa'aa 24 dawaafii farsoo ilaalchisee bilbila sirrii xurree qajeelaatiin qunnami 1800 888 236(kutaa guutuuf).

Akkasuma Tumsa Dawaa Warraa bilbila 1300 660 068 qunnamuu dandeetta.

Hubachiisa: Yaanni maxxansaa kana keessa jiru akka bal'innatti ibsa ta'uuf yaadame kaa'ame malee akka gorsa beekaa bakka bu'uufiimiti.

Maxxansaan kun akka warri ilmaanii manniin baruumsaa keessatti qooda qabaatan tumsa akka ta'u Damee Baruumsaatiifii Leenjisaatiin qindaahe. Gargaarsa Qabeenna Hawaasaatiin hojjatame.

Ibsa dawaa (drug) warraaf

State Government Victoria
Department of Education & Training

©State of Victoria, 2003

Knowledge&Skills Building a Future
Victoria The Place To Be

Ibsa dawaa (drug) warraaf

Haala addaa uu'muu dandeetta

Ilmi kee itti dhimma bahuuf filatuu fii filatu baatus, inni yookin isiin waa'ee dawaa naannawa jiruu kana waahela irraa yookin karaa oduun dabartuun dagahuu hin'oolu. Ilma kee wajjiin irratti haasahuun rakkinna dawaa laalu laaffisuu danda'a. Maxxansaan kun akka ilma kee wajji sodaa malee irratti dubbattu akka gargaarsa ta'utti kaa'ame. Ibsa dhugaatii fii deebii gaafii waan dawaa laaluu warri ilmaani kaasuuf ta'a. ILaalcha miidhaa xiqqeessuu irratti hundeeffame.

Dawaan maali?

Dawaan waan bishaaniifii mihaan hin tahin ka nafatti/qaamatti yoo fudhatamee yaada mataatiifii dalagaa qaama namaa jijjiiru.

Kanaaf dawoonni, dhamti bunaa, tanboo, waan urgaan seenaa, farsoo, hashiisha, herooyiniifii istiiroo'ids, hundinuu dawaadha.

Dawoota

Damee

dawaa gurguddoofii araada isaanii

Dawoonni akkaataa isaan hundee socha'a qaamaatti assaraniin gurmaahu. Damee sadii gurguddoo qabu.

- **Gaddisiisaa**
- **Mirqaansisaa**
- **Warersaa**

Seeratti ulfinni dawaa waan garii irratti erkata. Fakkeennaaf, farsoon seeraan tumsamaadha, haata'u malee haala caaluun ummata ganna 18 gadiitiin bitamuun dhorkaadha.

Gaddisiisaa (Depressants)

Jechi kun namni dawaa kana fudhatu hingadda jechuumiti. Gaddisiisaan hundee yaada sammuu laaffisuufii ergaa irraa deemtuufii itti deemtu hadoocha jechuudha. Dhawanni onneetiifii hafuuraatis hinlaaffata.

Gaddisiisaa akka:

Seerahaa: Macheessituu, funyyaaniin fudhatamaa kan akka maxxansitu(glue), petroola, qalama manaa, dawaa bowwoo, panadiin, opiates fii kan akka methadone.

Maruwaana

Seera Malee/dhooggamaa: maruwaanaa, hashiisha, zeeyta hashiisha, opiates kan akka heroin , opi'amaa fa'a.

Geeddarumsa giddu jireessa:

- Raahaa argachuu
- Soramuufii fayyaa
- Onnachuufii jeeynummaa
- Ugguu

Geeddarumsa cimaa:

- afaan hidhamuu
- hidhama nafaa/qaamaa
- Haqqisuu fii lolloojjii
- of wallaaluu onneen laafuu qilleesi hanqatuu
- Hammaanaan du'a

Gaddisiisaan xiinxallaa, socha'a qaamaa, akkasuma dandeetti waan dhufutti qoppaahu laaffisuu danda'a. Kun balaa baabura oo'fuutii geessa. Gaddisiisaan walitti dabalamee yoo fudhatame, fakkennaaf farsoofii hashiishni gaaga'amni heddummaachuu danda'a.

Hasharri ilillii tanboo caalaa cilee qaba.Walitti aa'nsanii fudhachuun xiichaa(bronchitis), naqarsa afaanii, kokkee, soonbaatiifii dhukkuba aa'rsuun walitti hidhaa fida. Hasharri ilillii(Cannabis) waa yaadachuufii xiinxallaa dhoowwa.

Heroo'in opii'ata. Oppii'anni dawaa dhukkubbi dhoowwuufii hucuuca guddaa fidu.

Heroo'in karaa irratti gurguramu qulqulluumiti. Qulqullummaa dhabuun heroo'in irraa dhibee cimatu nama argata. Lilmee, meeshaa dirataa, buuchoo takkatti dhimma bahuun balaa ee'yids, heppatai'tas(C fii B) akkasuma dhibee biroollee harkisa.

Mirqaansaa (Stimulants)

Mirqaansaan yaada samuu iraa deemuufii itti dhufu daddafsiisa. Dhawata onnee, oo'a qaamaatiifii dhiibbaa yaa'a dhiigaa ol kaasa.

Ecstasy

Ibsa dawaa (drug) warraaf

Mirqaansaa akka:

Seerahaa: Nikotiin(tanboo), dhama bunaa(buna, kollaa, chokoleeta, kininii qal'isu, dhugaatii humna kennu),siidoofiidriin (dawaa qufaatiifi qabbanaa keessatti argamu).

Seeraa malee: Kokeen,anfaatamiin haakima malee bitamu, ispiid, LSDfii ektasii.

Geeddarumsa giddu jireessa (malkata):

- dheebuu
- nyaata balfuu
- hirriba dhabuu
- ija boottu
- qaaquu
- jarjaruu/futunuu

Geeddarumsa cimaa:

- cinqamuu
- rifatuu
- ukkaamamuu
- bowwoofii ciniinnaa garaa
- aa'ruu/finiinuu
- sodaachuu
- dhama'uu
- ofwallaaluu.

Warri miqaansisaa fudhatu qaamaan dadhabaa deema waan nyaataafii hirriba hinqabneef.

Wareersaa (Hallucinogens)

Wareersaan ilaalcha yookin xiinxallaa nama tuqaa. Warri isa fudhatu waan hinjirre dhagahu yookin argu, yaanni harkaa wal'dhaha. Xiinxallaan yaroo(time), qoonqaa(sound) tii fii bifaa(colour) harkaa walitti duuda. Dhahamni kannarraa dhufu hedduudha, beekuunis hinjabaata.

Wareersaa akka:

Seera malee: : LSD, habuuttaa sihrii, meskaliin, ektasiifii hashiisha cimaa (furdisanii fudhatuu).

Geeddarumsa(malkata) garii:

- Qaxaxxee fii daifu
- Ija boottu
- Lolloojjii, cinniinnaa garaa, nyaata dhaba
- Raahaa dhabuu, haasaa fii kolfa baayyisu
- Rifachuu fii sodaachuu(paranoia)
- Wareeruu (waan dabre dagachuu).



Dawaan akkamitti ummata miidha?

Miidhaan dawaa akkaataa namaatiin haala adda addaa irratti hundaayee gaya:

- **Mataa abbaa:** haala namaa,guddinna qaama,ulfinna,asxaa,amala,fayyaa,yoom midhaan nyaatee,hawwii dawaaf qabuufii muxannoo irratti rarra'a.
- **Dawaa:** hagamii, jabeenna, akkaataa fudhataa(aa'rsuu, nyaatuu, waraanata) fii dawaa biraa wajjiin fudhachuu.
- **Naoawa:** waahela amantu wajji ta'u, kopxii ta'uu, gurmuu yookin manatti ta'u laala.

Miidhaa akkamtu dawaa fudhatatti hidhaa qaba?

Miidhaan dhufuu danda'u:

- Miidhama nafaa/qaamaa
- Miidhama wajji jireennaa:waahela, warra,hawaasa
- Miidhama jireennaa, hojii, baruumsa, mana
- Miidhama seera cabsutti rarra'u.

Machiin waan hintaane nama goosisa, ummanni waan yeroo kaan hingoone akka konkolaataa haroo bishaanitti oo'fuu fa'a godha. Dardarri hedduun dawaa laaluu fedha. Beekkomsa guutuu qabaachuun isaanii barbaachisaa ta'a.

Dardarri yoo ofillee dawatti oo'luu dhabe waan namni biroo godhuun tuqamutu mala. Miidhamni guddisee mul'atuu nama machaaye wajji konkolaata yaabbachu fa'a.

Dawaan gariin keessattu dawoonni haakimaa fayyaaf barbaachisaadha. Miidhaan yoo namaa wajji qoodatan yookin fudhatan dhufuu danda'a.

Dardarri maaliif dawatti dhimma baha?

Dardarri waanuma guddaan sababaa yookin dhimma godhatu himata. Kanneen akka:

- Hofaaf/taphaaf
- Rakkinna jalaa bahuu fii irraaffachu
- Onnataaf
- Gaafatama jalaa bahuuf
- Walittii makamuuf
- Ayyaanefachuuf
- Laaluu fii wal'aanuu
- Hifuu ittiin bahuuf
- Gammaduu fii hadooda jalaa bahuuf
- Dhukkubbii hadochuuf

Waa laaluufii wal'aanuun, balatti of kaleessuun guddinnaan walitti hidhaadha nama hedduuf. Warri ilmaani dawatti dimma bahuun ilmaan isaanitii karaa bana.

Ibsa dawaa (drug) warraaf

Ilmi kiyya dawaa fudhatuu akkamitti beeka?

Ilmi kee dawaa yoo fudhateef beekuun dhibaadha. Mallattoon dawaa nama fudhatu irratti bifa adda addaa qaba. Jijjiramni qaamaa yookin amalaa dawaa qofa laalu hinjiru; haata'u malee yaroo dheeraaf amala addaa tokko yoo mul'ise rakkinni jiraachuun hin mala. Jijjiiramni kun waan guddinna wajjiin dhufu ta'uu maluu yaadadhu. Takkittimaan dawaa bir'achuu yookin shakkuu irraa off fageessi. Ilma kee wajjiin haasawi osoo murtii irra gahin.

Mallattoon ee'ggamu gariin akka:

- laaffinna/dadhabbii
- nyaata balfuu
- sinsinnaahu/aa'ruu
- halkan ala turu
- baruumsa laaffisuu
- rabshaa mana baruumsaa
- waahela jijjiiruu
- horii gaafachuu
- horii hedduu qabaachuu
- meeshaan gatii qabu baduu
- poolisaan wal dhabuu

Maal godhutu narra jira yoo ilmi kiyya dawaa fudhatuu beeke?

Yaadadhu wanni guddaan nagaa ilma keetiitiifii nama biroo ta'uu.

Hinrifatin: Cinqaa fii jarjaraan waa gochuun akka ilmi kee siin wajji hin haasoyne godha. Haala qabbanaatiin wajji dubbadhu akka waan godhe sii himu.

Dhugaa beeki: Ilma kee wajji dubadhuu dawaa kamiifii guyyatti yaroo hagamii irraa bari.

Yaaddahuu kee ibsiif: Akka isa yookin isii jaalattuu fii akka dawaa fuhatu fedhuu dhabuu ke itti himi.

Yaroo filadhu: Yeroo machii irra jiran fii haala hamaa keessa jiran yookin yaroo ofii aa'rii qabdu yoo wajji haasoyte rakkinna uu'ma. Yaroo isaan qabbanaahanii fii aa'riin sirraa galte godhi.

Rakkinna fudhadhu: Ilmi kee yoo rakkinna hiikkachuu fii fedhii guttachuuf godhe gargaarsaa fii bira dhaabbata fedha. Gorsa nama beekaa gaaffachuu hinsodaatin.

Of hinajiifatin: Ilmi kee yoo dawaa fudhate dadhabbii warraati jettee hinlaalin. Dardarri hedduun yaroo rakkinnaa keessa dabraa yookin dawaa fudhataa, haguma feetellee yoo yaaddoftee fii gargaartellee.

Akkamitti ilma kiyya akka inni dawaa irratti murtii qajeelaa qabaatu godha?

Waa wal'aanuun karaa guddinnaati. Dardarri hedduun machiifii aa'rsuu keessa dabra. Gariin dawaa dhooggaa fa'a wal'aanu keessattuu hashiisha(marijuana).

Warri ilmaani akka ilmaan dawaa irraa gabaabatan waan garii gochuu danda'u.

Fakkeenna gaarii ta'uu: Ilmaan warra dhuguu tiifii aa'rsuu waan warri godhe godhutti kaluu/dhihoo jiran. Waan aa'rssuun, machaahuun fii dawaa birootitti oo'luun ilmaan keetii himu hubbadhu. Akka haala gaaritti fudhatan waan ofii gootuu fii waan nama biroollee wajji dubbadhu.

Hubbadhu: Waan dawaa laalu ifatti fii qulqullummaan haasayi. Yoo deebii hinbeekin gaaffattee deebisuu fii qoppii qabaadhu. Kun waan siifii ilma kee wajji gootan ta'uun hin mala. Waan hin tahin yoo guddiftee fakkeessite dubbattefii sodaachifteen, fuulduraaf waan ati itti himtu dhagahu didutu mala.

Dubbatuufii dhageefachuu: Rakkinna ilmi kee himatu tolchii dhageeffadhu. Itti aa'ruu fii dura dhaabachuun sii wajji dubbachuu dhoogga.Walqunnamtiin/haasoyni haala karaa lama qabu.

Ilma kee wajji haala guyyaa hunda argamu dubbachuun barbaachisaadha. Warri ilmaan isaani wajji waa'ee muziqaa, baruumsaatii fii sportii hinhaasoyne waan akka dawaatii fii fedhii jajjaba wajji haasayuun lafaamiti.

Heera lafa kaahi: Haala fuula dura dhiba fidu ardha itti yaadi. Heera fudhatamu tokko waa'ee machii tiifii dawaa ilaalchisee lafa kaahi.

Ilmaan kee akka qooda heera baasuu keessaa qabaatu godhi. Kun itti gaafatamaa heera sanii isaan godha. Dardarri akka araara baratan gochuun rakkinna akka hiikuu danda'an isaan godha.

Hiriyyoota ilmaan keetiitii fii warra isaani bari: Warri ilmaani rakkinna argamu hiikuuf guddaa gargaarsa ta'u.

Waan dawaa hinta'in biraa laali: Warri ilmaani ilmaan waan biraatitti akka gammadaniifii akka rakkinna jalaa bahuu danda'an gochuu danda'u.

Hubachiisa: Yaanni maxxansaa kana keessa jiru akka bal'innatti ibsa ta'uuf yaadamee kaa'ame malee akka gorsa beekaa bakka bu'uufiimiti.

Maxxansaan kun akka warri ilmaanii manniin baruumsaa keessatti qooda qabaatan tumsa akka ta'u Damee Baruumsaatiifii Leenjisaatiin qindaahe. Gargaarsa Qabeenna Hawaasaa tiin hojjatame.